Attamiin Maaskii Keessaan Sirriin akka Kaawwattan

Sadarkaa 1: Harka keessan dhiqadhaa ykn saanitaayizara dibadhaa.

Sadarkaa 2: Garri gubbaa maaskii funyaan keessan irraafi gara gadii ammoo areedaan gadi ta'u mirkanneeffadhaa.



Sadarkaa 3: Osoo qabduu durra keessan ykn kan ittiin hidhattan mataa irra hin galchiin dura maaskii afaanii fi funyaan irra kaa'aa.

Sadarkaa 4: Maaskiin afaan, funyaan fi areeda sirriitti akka haguuguuf sosochosaa.

Sadarkaa 5: Garri gubbaa maaskiiwwan muraasaa ni goobbatta. Akka funyaan keessan irratti sirriin maxxanee galuuf qubaan maaskii gadi qabaa.

Sadarkaa 6: Osoo kaawwattanii jirtanu maaskii hin tuqiinaa. Haala fooyya'een akka isiniif ta'u yoo barbaaddan kan gurratti kaa'amu ykn kan hidhatamuun sirreessaa.

Sadarkaa 7: Maaskii ofi irraa baasuufis dura kirrii gurraa ykn isa mataatti hidhatamu baasaa. Fuuldura isaa hin tuqiinaa.

Sadarkaa 8: Itti-fayyadama aal tokkoo fi isa biraa gidduutti maaskiiwwan huccuu miicaa. Maaskiiwwan itti-fayyadamanii gatan ammoo gataa.

Sadarkaa 9: Maaskii N95/KN95 godhattu yoo ta'e ammoo, boorsaa waraqataa keessa kaa'aa. Hin miicinaa.

Sadarkaa 10: Harka keessan deebiisaa dhiqadhaa ykn saantiaayizara dibadhaa.

MINNESOTA | STAY SAFE MN

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975 | 651-201-5000
Bifa biraadhaan gaafachuuf health.communications@state.mn.us quunnamaa. (Oromo)

2/25/2022